



BARIISAA

Bara - 46 Lak. 29 Bariisaa Hagayya 20 , Bara 2015

Sanbataa

(August 26 , 2023) Qar. 10.00



Waa'een miseensummaa 'BRICS'tti milkaa'uu Itoophiyaa bu'aa dippiloomaasii isa olaanaadha

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Itoophiyaan qormaata keessaafi alaatiin osoo hingufatin dhageettiin sadarkaa addunyaatti argachaa jirtu akka ji'a goobanaa guddachaa, mul'achaa jira. keessumaa ji'oota lamaa as qofa yoo ilaalle qondaaltonni idiladdunyaa dachee Itoophiyaarra ejjetan kan yaadameen oli.

Utuma kun kanaan jiruu yaa'ii gurmuu miseensota 'BRICS' Afrikaa Kibbaatti adeemsifamerratti torbee darbe kan hirmaatan Ministirri Muummee Itoophiyaa Abiyyi Ahmad (PhD) Itoophiyaan miseensa gurmuu 'BRICS' ta'uu iftoomsanii baay'ota biratti gammachuu guddaa uumeera.

Doktar Abiyyi miseensummaa kana

ilaalchisuun, "Itoophiyaan miseensa gurmuu kanaa ta'uunshee taatee seenaati. Addunyaa hunda hammatuufi badhaadhina hunda mirkaneessu dhugoomsuuf tattaaffii taasifamu deeggaruuf Itoophiyaan yoomiyyuu qophiidha" jechuun ejjennoo dippiloomaasii biyyattii ibsan. Bakka bu'ootni Ruusiyaa, Chaayinaafi Biraaziliis ergaa бага gammaddanii ummata Itoophiyaaf

Gara fuula 14 tti

ethio telecom Dhaabbileef

Mallattoo Addaa Bilbilaa

• Buufataalee Kenniinsa Tajaajila Dhaabbilee Keenyaa Daawwadhaa!

Kafi Jofaaf

Paarkiiwwan 24fi iddoowwan ikoo turizimii 18 haaraan iftooman

Saamraawit Girmaatiin

Finfinnee: Oromiyaatti paarkiiwwaniifi iddoowwan ikoo turizimii haaraan 42 kaleessa iftooman. Sirni beeksisuu iftoomsuu kunis kaleessa Magaalaa Shaggar, Bosona Subbaatti bakka pirezdaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa, abbootiin Gadaafi qooda fudhattoonni dhimmichaa argamanitti adeemsifameera.

Paarkiiwwaniifi bakkeewwan ikoo turizimii kunneen qo'annoo waggaa tokkoo Komishinii Turizimii Oromiyaa, Abbaan Taayitaa Eegumsa Naannawaa Oromiyaafi Dhaabbanni Bosonaafi Bincensota Bosonaa Oromiyaa taasisaniin kan adda baafaman yoo ta'an, godinaalee Oromiyaa hunda kan

Gara fuula 14tti



Obbo Araggaa Kabbadaa pirezidaantii Naannoo Amaaraa ta'uun muudaman

fuula 13

"Qabiinsi mirga namoota to'annaa seeraa jala jiranii haala gaariirra jira"

- Boordii Qorannoo Labsii Yeroo atattamaa

Rippoortara Gaazexichaatiin

Finfinnee: Boordii Qorannoo Raawwii Labsii Yeroo Hatattamaa hojiilee hanga ammaatti hojjateefi kallattiwwan gara fuulduraa ilaalchisee kaleessa wayita ibse kennetti, qabiinsi mirga namoota to'annoo seeraa jala jiranii haala gaariirra jiraachuun ibseera.

Walittiqabduu ittaantuun boordichaa Najaat Girmaa (PhD) akka ibsanitti, namoota yakkaan shakkamanii poolisii federaalaatiin qoratamaa jiran waliin marii taasisaniiru. Dhimmoota akka hanqinaatti shakkamtoota biraa ka'an fooyyessuufis hoggantoota giddugaloota manneen amala sirreessaa waliin mari'ataniiru.

Gara fuula 14tti



Najaat Girmaa (PhD)

Suurri Iyyob Tafariitiin

"Gara biyyi itticeeturratti waliigaluun caba siyaasa biyyattii wal'aanuuf murteessaadha"

- Jaal Leencoo Lataa

fuula 2

Hojii eegumsa naannawaa: Itoophiyaa pirezidaantii eegumsa naannawaa Afrikaa taasise

fuula 4

ODUU

“Gara biyyi itticeeturratti waliigaluun caba siyaasa biyyattii wal’aanuuf murteessaadha”

Waaqshuum Fiqaduutiin

Finfinnee: Gara biyyi itticeeturratti waliigaltee uumuun caba siyaasa biyyattii wal’aanuuf dhimma murteessaa ta’uu hayyuun siyaasaa Jaal Leencoo Lataa ibsan.

Jaal Leencoon akka dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf ibsanitti, siyaasa biyyattii ilaalchisee garaagarummaan yaadaa daran bal’achaa jira.

Garaagarummaan kun yaadarraa gara gochaatti ce’ee biyya rakkoo hamaa keessa buusaa jira. Namni gaaffii qabu kamuu osoo carraa dhaggeeffatamuu qabuu tarkaanfii humnaatiif ifaajaa jira. Kunis gara biyya itti ceesisanirratti waliigalteen waloo waan hinjirreefi.

Biyya kanaaf kan wayyu sirna federaalizimii jiru dimokraatessuudha kan jedhan Jaal Leencoon; namni yaada biroo qabus murtoon kan ummataa waan ta’eef haala inni itti yaadasaa ummata bal’aatti ibsaturratti haala mijataa uumuun barbaachisaa ta’uus himaniiru.

Haala amma jiruun walshakkiifi garaagarummaan yaadaa daran bal’achaa akka jiru yaadachiisanii; siyaasni ammayyaan aadaa mariitiin dabalame



diriiruun baannaan egereen biyyattii balaa guddaarra bu’uu mala sodaa jedhus ibsaniiru. Boqonnaa qophii walballeessuurraa gara boqonnaa walbaraaruutti ce’uun kan danda’amu yoo mariifi marabbaan jiraate qofa ta’uus hubachiisaniiru.

Sirna siyaasaa biyyattiin hordofturratti qaamoleen waliif hingalle waan jiraniif yeroo garagaraa mufii qaban wayita haala adda addaatiin ibsatan arguun waan baratameedha kan jedhan hayyichi; yaada fedhan calaqqisiisuuf siyaasa qaroomaan osoo jiruu aangoo qabachuuf tarkaanfii humnaatti ce’uun garuu gocha jaarraa keessa

- Jaal Leencoo Lataa

jirru madaalu akka hintaane ibsaniiru.

Daddaaqama siyaasaa biyyattiif akka furmaata guddaatti kan abdatame mariin biyyaalessaa qixa barbaadameen tarkaanfachaa jira amantaa jedhu akka hinqabnes eeranii; daandii biyyattiin irra dhufte tarkaanfiin humnaa eenyuyyuu waan hinfayyadnee gara mariitti deebi’uun murteessaa ta’uu dubbataniiru.

Akka isaan jedhanitti, waldiddaan siyaasaa Oromoo amma jiru ifaa miti. Qaamoleen siyaasaa biroo sirna ammaatti mufachuu ifatti ibsaa jiru. Kan Oromiyaa keessaa garuu paartii biyya bulchu dabalatee sababa waldiddaan siyaasaa uumamaa jirurratti wanti ifatti lafa kaa’an hinjiru.

Mariin nageenyaa kanaan dura mootummaafi qaama hidhatee bosona jiru waliin Zaanzaabariitti taasifamee ture yoo ilaalame burjaajii siyaasaa Oromiyaa keessa jiruuf agarsiistuu tokko jedhanii; qaamotni gama lameenuu maricharratti hirmaatan dhimmamuu dhabuun dubbiin goolabamuu malee garaagarummaa bal’aan akka addaan ba’aniif sababa ta’uu ibsaniiru.

Dubbiin gama lameenirraa dhiyaates tokkummaa caalaa garaagarummaa jiru kan bal’isan ta’uullee akka odeeffatan Jaal Leencoon dubbataniiru.

Oromiyaatti bara 2014 gurgurtaa kaarbooniirraa qarshiin miliyoona 500 argame

Waaqshuum Fiqaduutiin

Finfinnee: Omishaalee garagaraa gabaaf dhiyeessuun waanuma uumamaan baratameedha. Haa ta’u malee, qilleensa gurgurtaaf dhiyeessuun baay’ee keenyaaf gaaffii ta’uu mala. Haa ta’uutti bara 2014 bosona Baalee qofatti gurgurtaa kaarbooniirraa galiin qarshii miliyoona 500 argameera.

Hayyoonniifi hoggansi damichaa ibsa Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, Oromiyaan gurgurtaa kaarbooniitiin galii maddisiisuurratti shoora adda durummaa qabdi. Bosonni biyyattii harki 60 olis Oromiyaa keessatti argama.

Daarektarri Olaanaan Dhaabbata Bosonaafi Bineensa Bosonaa Oromiyaa Obbo Araarsaa Raggaasaa akka jedhanitti, bara 2014 bosona Baaleerratti yaalii gurgurtaa kaarboonii taasifameen galiin qarshii miliyoona 500 argameera. Galii kana keessaa dhibbantaan 60n qonnaan bulaa naannichaaf qoodame. Ammas haala mijataa Oromiyaan qabduun guutuu naannichaatti gurgurtaa kaarbooniirraa galii maddisiisuuf Baankii Addunyaa wajjin waliigalteen mallattaa’eera.

Ogeessi bosonaa Dhaabbata Faarmi Afrikaa Obbo Sahaalamaaraam Mazmuur akka jedhanitti, biyyoota industiriidhaan badhaadhanitti faalamni qilleensaa olaanaa waan ta’eef faalama qilleensichaa xiqqeessuuf biyyoota qilleensa hinfaallerra kaarboonii bitu.

Kana jechuun qabeenyi industirii Itoophiyaan qabdu gadaanaa waan ta’eef kaarbooniin



Bosona Oromiyaa gurgurtaa kaarbooniif mijataa ta’e

qilleensatti gadilakiftu daran xiqqaadha. Biqilootni kaarboondaayoksaayidii waan sooratanii Itoophiyaan industirii xiqqaa qabaachuun dabalata bosonnishee dabalaa waan jiraniif hanga kaarboonii qilleensa keessa jiru xiqqeessuu keessatti shoora olaanaa taphachaa jirti jedhaniiru.

Itoophiyaan gurgurtaa kaarbooniirraa galii kan argattu kaarboonii qilleensa keessa jiru qodaatti walitti qabdee gurguruun osoo hinaane biyyootni guddatan asuma dhufanii dachee Itoophiyaarratti hanga kaarboonichaa safaruun maallaqa kan kennan ta’uus ibsaniiru. Tarsiimoo hanga kaarboonii faalama qilleensaaf sababa ta’e hir’isuu keessatti bosona dhaabuun isa olaanaafi ijoo ta’uus dubbataniiru.

Kaarboonii faalama qilleensaa daran hammeessu ittisuuf bosona haaraa dhaabuu qofti ga’aa akka hintaane ibsanii; bosonni duraan ture balaa ibiddaafi sababoota garaagaraatiin manca’eef kaarboonii faalama qilleensaaf sababa ta’e akka gadi hinlakkifneef

kunuunsi barbaachisu taasifamuufii qabas jedhaniiru. Kanaaf ammoo Oromiyaan sochii taasisaa jirtuufi bosona qabduun daran mijattuu ta’uushee dabalataan ibsaniiru.

Dhaabbata Bosonaafi Bineensa Bosonaa Oromiyaatti Gorsaa Seeraa Olaanaa kan ta’an Obbo Dandanaa Gabremikaa’el gamasaaniin; gurgurtaan kaarboonii taatee haaraa ta’uusaan eenyuufi akkamiin akka gurguramurratti falmiin turuu yaadachiisanii; boodarra deeggarsa dhaabbata FaarmAfrikaan bu’uura seeraa dhaabbilee misoomaa idiladdunyaan Dhaabbatni Bosonaafi Bineensa Bosonaa Oromiyaa bosona Baaleefi gariin Arsii Lixaarraa kaarboonii mootummaa Faransaayitti gurguramuusaa ibsaniiru.

Fedhii olaanaa gabaa kaarbooniif akka addunyaatti jiruufi bosona bal’aa, keessattuu akka Oromiyaatti jiru ilaalcha keessa galchuun naannichatti gurgurtaa kaarbooniirraa galii olaanaa maddisiisuuf hojjetamaa jiraachuus dubbataniiru.

Inistiitiyuutichi appilikeeshinii sagalee gara barreeffamaatti jijjiiru hojiirra oolche

Wasanee Amaaraatiin

Finfinnee: Inistiitiyuutiin Artafishaal Intalajansii Itoophiyaa appilikeeshinii sagalee gara barreeffamaatti jijjiiruufi afaanota Itoophiyaa barsiisu misoomsee hojiirra oolchuu beeksise.

Daarektarri komunikeeshinii inistiitiyuutichaa Obbo Tasfaayee Zawudee ibsa Gaazexaa Bariisaatiif dheengadda kennaniin inistiitiyuutiinsaani appilikeeshinii tokko kan sagalee waraabbachuudhaan ykn arkaayivii keessaa galchuun gara barreeffamaatti jijjiiruufi Afaan Oromoo, Amaariffa, Afaan Somaaleefi Tigriiffa sagaleefi barreeffamaan barachuuf nama gargaaru teknolojiidhumasaatiin misoomsee tajaajilarra oolchuu ibsaniiru.

Appilikeeshinichi sagaleewwan afaanota kanneeniin waraabaman gara barreeffamaatti kan jijjiiru ta’uus eeranii, kunis dubbisaa haala mijataa kan uumuudha.

Appilikeeshinii kanaan nagaa walgaafachuu, lakkoofsota garagaraafi maqaa guyyootaarraa kaasee haala gaariin afaan barachuuf kan gargaaru ta’uu Obbo Tasfaayeen beeksisaniiru.

Kalaqa kana hojiitti galchuuf waggaa lama kan fudhate ta’uus eeranii, appilikeeshinicha hojiirra oolchuufis ogeessonni teknolojiifi afaanotaa iddoowwan garagaraatti argaman beekumsaafi yeroosaanii gumaachuu ibsaniiru.

Appilikeeshinichi keessumaa ogeessota miidiyaa sagalee waraabame si’aayinaan gara barreeffamaatti jijjiiruufiin yeroo kan qusatuuf ta’uu kan dubbatan Obbo Tasfaayeen, Mana Bakka Bu’oota Ummataattis marii sa’aatiwwan dheeraa miseensotaa gara barreeffamaatti jijjiiruuf faayidaa olaanaa kenna jedhan.

Manneen murtiis adeemsa garagalcha murtoo darbee abbaa dhimmaatiif kennuuf yeroo dheeraa fudhachaa ture appilikeeshinichi yeroo gabaabaa keessatti gara barreeffamaatti jijjiirani kennuuf daran kan tajaajilu ta’uu himaniiru.

Appilikeeshinichi otoo ‘VPN’n hinbanamiin kan hojjetu ta’uus beeksisaniiru.

Akka Obbo Tasfaayeen jedhanitti, appilikeeshinii “Learn and Transcribe ET Lang (L&T ET. LANG)” jedhamu kana otoo ‘VPN’ hinbanin “Play Store” keessaa ykn marsariitii kana cuqaasuun <https://play.google.com/store/apps/details...> mobaayiliirratti buufatani ittifayyadamuun ni danda’ama.

Odeeffannoo waa’eedhuma afaanii kanaan walqabateen Googiliin tajaajilasaa hiikaatiin (‘Google Translate’) Afaan Oromoo, Amaariffaafi Tigriiffa dabalatee afaanota Afrikaatti dubbataman 10n tajaajila kenna jiraachuun ni beekama.

Googil waliigalaan afaanota addunyaa 24 tarree tajaajilasaa keessa kan galche yoo ta’u, afaanonni haaraan tarree ofii keessa galfate dubbatoota miliyoona 300 ol akka qabaniidha kan ibsame.

Ijoo Dubbii

Tarkaanficha onneerraa utubuun, ofis biyyas boqochiisuu

Itoophiyaan biyya heddumminaan miidhagdeefi tokkummaa jabaa qabduudha. Hedduuminaafi jabina biyyaa wareegama qaali kaffalameen dhaloota har'aatiif kan dabarsan gootota ilmaan sabaafi sablammootaati. Tokkummaa jabaa qormaata keessaafi alaa dandamachuun birmadummaa biyya cimsee kabajaan ol qabe itichuun injifannoodhaan dabalaniitti ittifufsiisuun ammoo dirqama dhaloota har'aati.

Itoophiyaan walloodhaan ijaaramaa jirtu hundarraa kan ijaaramtu hundaaf kan taatuufi hundaan kan tikfamtu biyya hedduminni kabaja keessatti argateedha. Haata'u malee, finxaalessitoonni yoo danda'an gufachiisuu yoo dadhaban ammoo hokkoraan gooluuf halkanii guyyaa keessaafi alaa walgurmeessuun wixxirfachaa jiru.

Wixxirfannaa kana hafuura baafachiisuufi nageenya ummataa mirkaneessuuf tarkaanfiin murnoota nagaa booressanirratti eegalame cimsee akka ittifufuudha ajajaan Ajaja Lixaa Letenaal Jeneraal Massalaa Masarat kan eeran.

Ajajichi hojii kabachiisa nagaa Oromiyaa lixaatti adeemsifamaa jiru ilaalchisuun akka dubbatanitti, tarkaanfiifi rukuttaa ulfaataafi qindaa'aa garee Shanee iddoowwan adda addaatti socho'uun hawaasa gidiraatiif saaxilerratti fudhatamaa jiruun murnicharra jaataniin namoomaa, meeshaafi hamilee ga'eera.

Murnichi qaawwaa humna nageenyaa sababa waraanaa kaabaatiin uumamee turetti fayyadamee saamicha raawwachaafi qulqulloota ajjeesuun sochii nagaqabeessa hawaasaa booressaati kan ture. Amma garuu haala qindaa'ina bobbiifi rukuttaa addaan hincinnee raayyichaan, poolisiifi milishaadhaan tarkaanfiin cimaan irratti fudhatamaa jira.

Tarkaanfichi haala waliigalaafi fedhii diinaa qo'atanii caasaasaa diiguufi sochiisaa to'achuutiin hanga yaaddoo nageenyaa ta'uunsaa gu'utti wajjumaan hojjetamuu qaba.

Oppireeshinii walirraa hincinnee murna shororkeessaa kana barbadeessuuf taasifamuurratti ummanni akkuma kanaan duraa miira abbummaatiin hirmaachuufi raayyaasaa gaachana nageenyaa ta'e bira onnee guutuudhaan dhaabatee naannawasaa sochii murnicharraa walaba gochuu qaba.

Murna otoo akeeka siyaasaa ifaa hinqabaatiin daandii cufuudhaan akka ummanni hintasgabboofneef of arbessee jeequmsa uumuu malee humna saamtummaa ol ta'e hinqabne; kanaanis sochii hawaasaa danquufi yaadama misoomaa keessaa baasuudhaan saamichaafi ajjeechaa raawwatu waan ta'eef dhabamsiisani boqonnaa gonfachuun dhimma filmaata hinqabneedha.

Walumaagalatti aggaammii finxaalessitoonni biyyarratti taasisaa jiran kamuu irree tokkummaa sabdaneessummaatiin qolachuun gochaafi ilaalchasaaniirratti qabsaa'anii gogsuun yeroonsaa ammaafi amma ta'uu qaba.

Kanaafis qaamolee nageenyaa onneerraa tumsuun caasaalee finxaalessitootaa saaxiluun dhimma boruuf bulfamu ta'uu hinqabu. Saboonni, sablammoonniifi ummattoonni Itoophiyaa irree tokkummaasani calaatti jabeessuun qormaata finxaalessitootaa fashaleessanii ofis biyyas yeroo dhumaatiif aara galfachiisuun daran murteessaadha.

Yaada

Hunduu akka qaba

Charinnat Hundeessaatiin

Olloli mindeeffamtoota miidiyaa hawaasaatiin hafarfamuufi daangaa hinqabne kan nama dinqisiisu ta'aa dhufeera.

Keessumaa waa'een isa sagalee burcuqqoo kufeetiin bir'atuufi nahee gara lixu dhabuu oggaa waa'ee waraanaa keessa oolee hinbeeknee fagoo taa'ee duulchisaa waraanaa ta'ee yandoo jechootaa harcaasu nama ajaa'iba.

Walajjeechisuudhaan, dhiiga walii dhangalaasisuufi gidiraa ummataa baay'isuudhaan 'hawwiin koo naa milkaa'a' jechuun kooluugalaa of dhiibaan yoo yandoo jechootaa akka bokkaa gannaa roobse waan jechama 'hawwiin hindhorkamu' jedhamu bira darbu miti.

Garuu, waanti hundi akkaafi daangaa qaba. Namni waa'ee loltummaaafi waraanaa hubannoo qabu dhugaa dubbachuuf of eeggannoorraa kan ka'e waanti haasa'u isa yaachisa.

Namni olola qaajjessaan ittimakamee sobaan bukeeffamee gocha fedhii tasumaa ittiqaqqabamuu hindadeenyee jechoota summaa'oodhaan dabalamee dhiyaatu fudhatu yoo jiraate inni daran nama gaddisiisa.

Barreeffamni raayyaan ittisa biyyaa tibbana miidiyaa hawaasaarratti gadi lakkise tokko, "Dubbii keenyarratti nuti waan hojjenu kan beeknu, manii qabnu, tokko tokkoo sochii keenyaa faayidaa biyyaafi ummataarraa akka hinmaqne gochaa kan deemsisnuudha. Waa'een daldalaa sobaa tuullaa jette jetteetiin kiisiisaa furdisuuf munyuuquu hangana nu hin yaachisu; hojiifi akeekni keenya nagaa fiduu waan ta'eef.

"Kana waan sirriitti beeknuufis bobbi raawwii dirqamaa keenya hunda; dargaggoon otoo hinbeekiin mokfamee kiyyoo humnoota badiitiin xaxamee akka irbaata ibiddaa hintaaneefi dhugaan jiru ibsameefi gara qalbiisaatti akka deebi'uuf carraa kennuudhaan garabal'inaan ittideemuun keenya bu'aa guddaa nu argamsiiseera.

"Baay'onna karaa badii mooksitootaa keessaa bahanii nageenya ummataa kabachiisuurratti gumaacha adda durummaa bahachuu akka danda'an gochuun keenya daran nu gammachiisa.

Dirqamaogummaadhaan, haalamilkaa'aafi qulqullina qabuun raawwachu danda'uu keenya 'Daba duulchistoota maraannaa fagoofi baargamaa qullaatti kan habise ta'eera'. Otoo dhugaan kana ta'ee jiruu olloli sobaa miidiyaa hawaasummaarraa "Junuukfadhu ykn ija qabadhu sin gowwommsaa' hindhaabanne.

"Ijji ajjeechaa abjuufi barbadeessisaanii laamsha'aa dhufus, hidhaabanne. Nuti garuu, waa'ee Itoophiyaafi Itoophiyummaa jecha dirree nageenyaa bal'isaa tulluu injifannoo keenyarratti ol ka'uun boonnee ciminaan jirra.

Walajjeechisuudhaan, dhiiga walii dhangalaasisuufi gidiraa ummataa baay'isuudhaan 'hawwiin koo naa milkaa'a' jechuun kooluugalaa of dhiibaan yoo yandoo jechootaa akka bokkaa gannaa roobse waan jechama 'hawwiin hindhorkamu' jedhamu bira darbu miti

Akkuma atileetota keenya goototaa Itoophiyaa boonsaa alaaba keenya ol kaasnee olqabnee tallisiisuun gocha keenya hindhaabanne waan ta'eef. Imalli keenya injifannoodhaan miidhagee ittifufa" jedha.

Dhugaadha, otoo akka suuraa, olola, abjuufi fedhii 'gootonni' feesbuukii, yuu tiyuubiifi tiitokii qaamolee sammuuksaanii halkanii guyyaa waraana, jibba, abaarsa, jechoota summaa'oodhaan maramanii akkasumas miidiyaalee finxaaleyyiidhaan naanneffamanii ta'ee biyyis ta'ee ummanni har'a hinjiru.

Garuu maraannaan, qaajjessaan, fedhiifi abjuun humnoota finxaaleyyii kamuu ammas maseenee akka qullaatti hafuuf hawaasni keessumaa dargaggoonni ololaafi jette jettee qilleensarratti hafarfamurraa of eeguun ilaallataa deemu qabu malee hanga liibsuu ijaatiifillee of dagachuu hinqaban. Akkuma irranatti eerame tarkaanfiisaanii mara hubannoo raawwachuudhaan wabii nageenyaafi gaachana ummatasaanii ta'uu qabu; hunduu akka, daangaafi luugama qabaachuus qaba kaa.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

WaaSihuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

ODUU

Baay'inaan dhufuun hoggantoota biyyootaafi dhaabbilee addunyaa milkaa'ina dippilomaasii Itoophiyaa kan mul'isuudha

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Daawwannaa hojiif baay'inaan dhufuun hoggantoota biyyootaafi dhaabbilee addunyaa agarsiistuu milkaa'ina dippilomaasii Itoophiyaa kan mul'isu ta'uu hayyuu Saayinsii Siyaasaafi Hariiroo Adiladdunyaa ibsan.

Yunivarsiitii Finfinneetti barsiisaan saayinsii siyaasaa Obbo Shimallis Hayiluu ibsa addatti Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf Kamisa darbe kennaniin akka jedhanitti, daawwannaa hojii dura bu'oonni biyyoota adda addaa, dippilomaatni, ministirootniifi hoggantoonni dhaabbilee addunyaa Itoophiyaatti dhimmoota garagaraarratti taasisaniifi mariin adeemsisan hariiroon dippilomaasii biyyattii sadarkaa gaariirra jiraachuu mul'isa.

Waraana Itoophiyaa kaabaatti mudatee tureen walqabatee, keessattuu hariiroon dippilomaasii Itoophiyaa



Obbo Shimallis Hayiluu

daran qabbannaa'ee turus hojii cimaa hojjetameen yeroo ammaa Itoophiyaan biyyoota hedduuf filannoo ta'aa jirti.

Hariiroowwan adda addaa taasifamaa jiran kunneen Itoophiyaan milkaa'ina dippilomaasii haala bareedaarra jiraachuu mul'isa jedhani; Itoophiyaan biyya

guddoo waan taateef warra lixaa dabalatee biyyootni hedduun faayidaasaanii eegsifachuuf Itoophiyaa waliin hojjechuuf fedhii qaban argisiisaa jiraachuus himaniiru.

“Biyyootni Lixaa hariiroo biyyoota Afrikaa faana qaban cimsachuuf Itoophiyaa akka riqichaatti ilaalu. Kunis milkaa'ina dippilomaasii biyyattiif carraa guddaadh” jedhan Obbo Shimallis.

Yeroo dhihoo keessa biyyootniifi dhaabbileen idiladdunyaa Itoophiyaarratti dhiibbaawwan garagaraa taasisaa turan amma Itoophiyaa faana hiriirra jiraachuun milkaa'ina caalu ta'uus eeranii; hojii dippilomaasii biyyattiin hojjetteeniifi tarkaanfii waldhabdee Itoophiyaa kaabaatti uumame karaa nagayaa furuuf fudhatameen ta'uus beeksaniiru.

Hariiroowwan taasifamaa jiran Itoophiyaaf faayidaa dinagdee, siyaasaafi hawaasummaa kan qaban ta'uu ibsuun;

Itoophiyaanis misoomaafi guddinasheef michooma biyyootaa ni barbaaddi jedhaniiru.

Hariiroo dippilomaasii Gamtaa Imeretota Arabaa akka fakkeenyaatti kaasuu akka dubbatanitti, hariiroo taasifameen Itoophiyaanis ta'e biyyattiin gama dinagdeen guddaa fayyadamuu danda'u.

Biyyootni lamaan kunneen guyyaa tokkotti waliigaltee 17 walii mallatteessuusaanii eeruun; waliigalteewwan kunneen caalaatti waliigaltee dinagdee biyyoota lamaanii daran guddisuuf kan gargaaraniifi Itoophiyaan biyya qabeenya uumamaatiin badhaateefi investimantiif mijattuu ta'usheetiin hojii bu'aaqabeessi akka hojjetamuuf abdi qaban ibsaniiru.

Haa ta'u malee, Itoophiyaan sadarkaa dippilomaasiishee sadarkaa olaanaatti ceesisuuf waldhabdeen keessoo gufuu ta'aa jiran karaa nagaan furamuu akka qabanis dhaamaniiru.



Naannoon Affaar turiizimiirraa galii qarshii miliyoona 49.95 argate

Waaqshuum Fiqaadutiin

Finfinnee: Bara bajataa 2015tti naannoon Affaar daawwatoota alarraa qofa galii qarshii miliyoona 49.95 argachuu Biiron Turiizimii Naannichaa beeksise.

Biiirichatti Daarektarii Turiizimii Misooma Paarkiiwwanii Obbo Mahaammad Hasan ibsa dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka ibsanitti, sosochiin turiizimii waggoota sadan darban sababa dhibee koronaafi walitti bu'iinsaatiin qabannaa'ee ture bara bajataa cerametti fooyyee guddaa argisiiseera.

Haaluma kanaan bara darbe daawwatoota biyya alaa kuma tokkoofi 500 naannichatti daawwannaa taasisanirraa qarshii miliyoonni 49.95 argamuu ibsani; galii kana keessaas tajaajilli hoteelaa, geejibniifi seensa bakkeewwan hawwata turiizimii qarshii kuma 33 ol qooda qabaachuu himaniiru.

Naannoon Affaar naannolee biyyattii hawwata tuurizimiin beekaman keessaa tokko ta'uu bara darbee daawwatootni

biyya keessaa kuma 250s naannicha daawwataniiru. Iddoowwan naannichatti hawwata turiizimii ta'uun sadarkaa idiladdunyaatti beekaman keessaa Daalol, Hertaallee, Hara Afdeeraafaan adda durummaan akka eeraman ibsaniiru.

Naannoon Affaar Hara soogiddaa halluuwwan garagaraa qabuufi teessuma lafaa qalbii namaa booji'u qabaachuu eeranii; bakki gad dhooqaan addunyaa Daaloliifi Danaakil akkasumas bakka argama Paarkii Biyyaalessaa Awaash waan ta'eef filannoo daawwatoota biyya keessaafi alaa ta'uu yaadachiisaniiru.

Akka Obbo Mahaammad jedhanitti, harawwan Ertaallee, Yaaliidifi Abbee dabalatee bakkeewwan hawwata turiizimii ja'an dabalataan tajaajila kennuu eegalaniiru. Kana dura naannichatti bakkeewwan hawwata turiizimii beekamoo ta'an kurnanis tajaajila si'ataa kennurratti argamu.

Bakkeewwan hawwata turiizimii filatamoo kanneen daawwachuuf turistoota biyya alaa fi keessaatiif haalli mijataan jiraachuus dhaamaniiru.

Hojii eegumsa naannawaa: Itoophiyaa pirezidaantii eegumsa naannawaa Afrikaa taasisa

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Itoophiyaan jijjiirama haala qilleensaa maqsuuf hojii bal'aa hojjetteen pirezidaantii eegumsa naannawaa Afrikaa akka taatee filatamuushiitii sababa ta'uu Abbaan Taayitaa Eegumsa Naannawaa Federaalaa beeksise.

Abbaa taayitichaatti daarektarii Waliigalaa Abboomamummaa Seeraa Obbo Girmaa Gammachuu ibsa addatti Kibxata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan waliigalteewwan idiladdunyaa kan eegumsa naannawaarratti mallatteessite dameewwan hundaan milkeessaa jirti.

Milkaa'inni Itoophiyaan inisheetivii ashaaraa magariisaatiin argatte wantoota yaa'ii ministeerotaa eegumsa naannawaarratti taasifamerratti pirezidaantii eegumsa naannawaa Afrikaa taatee akka filatamtuuf taasisan keessaa isa ijoodha.

Anniisaa haaromfamaatti fayyadamuunis sababoota biyyattiin hoggansa kanaaf akka geessu taasisan keessaa sababa biraa ta'uu kan ibsan daarektarichi, humna Itoophiyaan fayyadamtu keessaa dhibbantaan 98 anniisaa haaromfamaadha jedhan.

Anniisaawwan dhagaa cileefi boba'arraa argamu otoo hintaane anniisaawwan bishaan, aduufi qilleensarraa maddanitti fayyadamuun Itoophiyaan milkaa'ina eegumsa naannawaatiif gumaacha guddaa taasisaa jiraachuu eeraniiru.

Yeroo dhiyootti Itoophiyaa keessatti hidhawwanbishaaniihedduunhojiianniisaa elektirikii maddisiisuu jalqabaniiru. Biyyattiin sochii omisha industiriifis ta'e qonnaaf anniisaa hidhawwan kunneenirraa maddan fayyadamti malee annisaa hinhaaromfamne hinfayyadamtus jedhaniiru.

Hojiileen gama bishaan lafa jalaa



Obbo Girmaa Gammachuu

dabaluufi eegumsa biyyoorratti hojjetamaa jiranis kunuunsa naannoo irratti kutannoo Itoophiyaan qabdu kan agarsiisu ta'ee yaadachiisaniiru.

Yeroo amma addunyaan kun wantoota sadiin jechuunis jijjiirama qilleensaa hoo'a addunyaafi badaa dhufuu lubbuu qabeeyyiitiin rakkacchaa jiraachuu kan ibsan Obbo Girmaan; rakkoolee sadan kanneen hir'isuuf Itoophiyaan biyyoota hundaaf fakkeenya ta'uurra darbee gahee leencaa taphachaa jiraachuushee himaniiru.

Akka Obbo Girmaan jedhanitti, Itoophiyaan ittigaafatamummaa kennameef fudhachuun yaa'ii jijjiirama qilleensaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii ji'a afur booda Dubaayitti gaggeeffamu ni qindeessiti. Yaa'icharratti biyyattiin abukaatoo biyyoota Afrikaa ta'uun, dhiibbaa jijjiirama qilleensaa biyyoota dureeyyiin dhaqqabu hir'isuuf kutannoon nihojjetti.

Itoophiyaan yaa'ii ministeerota Afrikaa dhimma eegumsa naannawaarratti Hagayya 8 hanga 16, bara 2015 Finfinneetti adeemsifamerratti Eegumsa Naannawaa Afrikaa waggoota lamaaf pirezidaantummaan hogganuuf Senegaal harkaa fudhachuunsii ni yaadatama.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Hagayya 20 Bara 2015

Galoon Magariisaa Budaapestitti irradeebiin lola'e addunyaa ajaa'ibsiise

fuula **15**



Doktara Kabajaa Diimaa Abarraa:
Guca, dugugguruu, utubaa,
riqicha...aartiwwan Oromoo

fuula **6**



**Goobee fi Shinooyyee: Ayyaana
dargaggootaafi shamarranii**



**Ashandaa, Ashandiyyee,
Shadayiifi Solal: Ayyaanota
jala bultii bara haaraa**

fuula **10**

**Dargaggeessa hojiiwwan kalaqaa 20
oliin fakkeenya ta'e; Gurmeessaa
Goobanaa**

fuula **11**



KEESSUMMAA BARIISAA

Doktara Kabajaa Diimaa Abarraa:

Guca, dugugguruu, utubaa, riqicha...aartiwwan Oromoo

Bayyanaa Ibraahimiin

Hundeeffama Oromiyaafi caasaalee manneen hojii naannichaa keessatti dameen aadaafi aartii akka dursa argatan ogummaadhaan kan hoggane, ogeeyyota tiyaatiraafi filmii Afaan Oromoo har'a beekamtii argatan duuba kan jiran, tiyaatira jalqabaa Afaan Oromoo qopheessuufi taphachuudhaan kan beekkaman.

Waliigalaan tiyaatiroota gaggabaaboo 20 ol Afaan Oromootiin kan hojjatan guca, dugugguruu, utubaa, riqicha... aartiwwan Oromoo buleessi kun barana immoo hojiiwwan waggoota afurtamman darbaniif guddina aartii tiyaatira Afaan Oromooratti hojjetaniif Yunivarsiitii Naannoo Oromiyaarraa doktareetii kabajaa kan argatan Diimaa Abarraa keessummaa Bariisaa maxxansa kanaati.

Gaaffiiddeebii guutuun hayyuu buleessa kana wajjin taasifne akka armaan gadiitti dhihaateera.

Bariisaa: Mee jalqaba walhaabarruu?

Doktara Kabajaa Diimaa: Ani Diimaa Abarraan jedhama. Kanin dhaladheefi ittiguddadhe Godina Shawaa Lixaa, Aanaa Amboo, qanda qonnaan bulaa Dikii jedhamutti yoo ta'u, barri dhalootakootii immoo 1950.

Bariisaa: Haala guddina keessaniifi barnoota ittiin eegaltanis itti nuu dabalaa?

Doktara Kabajaa Diimaa: Haalli guddina koo kanuma ijoollee baadiyyaa Oromiyaatti dhalatanii guddatan hedduu wajjin walfakkaata. Baadiyyaatti dhalatee gaafa umriinkee daa'imummaarraa guddachaa dhufu jabbilee ykn waatilee tiksuun sirraa eegalama.

Erga re'ootaafi hoolota tiksuun ittaanee booda gaafa umriin sirriitti dabalee barnootaaf gahutti gara sadarkaa loon tiksuutti ce'ama jechuudha. Kanaaf haalli guddina kiyaas akkuman armaan olitti ibsuuf yaale, jabbii, re'ootaafi hoolota tiksaatuman guddadhe.

Boodarra yeroo umriinkoo barnootaaf gahutti jalqaba baadiyyumatti barnoota Qeesii baradhee gara Magaalaa Amboo dhufuun mana barnoota sadarkaa Iffaa Ambootti barnoota idilee eegale. Kunis bara 1956 irraa eegaleeti jechuudha.

Barnootakoo sadarkaa Iffaafi 2ffaas achuma Ambotti xumuree duulli 'Idgat Bahibrat' jedhamu dhufee anis ittimakamee waggoota lamaaf keessatti hirmaadheera.

Erga isa xumuree booda gara barnootaatti deebi'ee iddoo addaan kuterraa ittifufuuf fedhiin keessa koo jiru guddaa ta'us haalotni waan natti ulfaataniif waggoota muraasaaf barnoota dhaabee ture.

Bara 1970 gara Finfinneetti imaluudhaan barnootan Ambotti kutaa 10ffaatti addaan kute mana barnootaa sadarkaa 2ffaa Shimallis Habteetti hordofuudhaan barnoota koo sadarkaa lammataa xumuree waanin qabxii yunivarsiitii na galchu argadheef Yunivarsiitii Finfinnee gale. Kun immoo kan ta'e bara 1972tti.

Bariisaa: Yuunivarsiitii Finfinneetti muumme barnootaa kamitti barattan?

Doktara Kabajaa Diimaa: Yuunivarsiitii

Finfinnee kanin gale Muumme Aartii Tiyaatiraatiini. Barnooticha xumuree eebbifamuuf waggoota afur kan natti fudhate yemmuu ta'u, akkuman xumuree eebbifameen waggaa ittaanu Ministeera Aadaafi Ispoortii ogeessa Tiyaatiraa ta'ee mindeeffame.

Kana jechuun eegaa otoon waajjira ministeerichaa keessa hojjetuu osoo hintaane, manneen tiyaatiraa Finfinnee keessatti argamaniifi itti waamamnisani Ministera Aadaafi Ispoortii ta'ee keessaa tokko, Raas Tiyaatiritti kanin hojii eegale.

Mana Tiyaatiraa Raas kanatti waliigalaan waggoota 10f kan tajaajile yemmuu ta'u, tajaajillikoos sadarkalee garagaraatiini. Isaanis; ogeessa tiyaatiraa ta'ee jechuunis tiyaatira barreessuu, taphachuu, qopheessuufi gulaaluu kan dabalatu jechuu kooti.

Kana gofa osoo hintaane, sadarkaa gulaalaa ittaanaa waltajjii ta'uudhaanis, otoo hojiiwwan hojjataman gara waltajjiitti hinbahin gulaalamani akka sirraa'an taasisuun hojii qulqullina qabu daawattootaaf akka dhihaatu taasisuudha.

Waanin hojii koo hunda sadarkaan irra jiruun ol qulqullinaan raawwachaa tureef sadarkaa maanaajara waltajjii jedhamuunis Mana Tiyaatiraa Raasitti tajaajilaa tureera.

Hojii tiyaatiraa mana tiyaatirichaatti hojjataman cinaattis tiyaatiroota garagaraa barreesseera. Tiyaatiroota adda addaarrattis taphachuu, gulaaluufi hojii dabalataa hedduu hojjadheera. Bara 1984tti, turtii waggoota 10 booda Mana Tiyaatiraa Raas gadilakkise jechuudha.

Bariisaa: Maaliif gadilakkistan?

Doktara Kabajaa Diimaa: Akkuma beekamu barri 1984 seenaa Itoophiyaa keessatti jijjiiramni siyaasaa guddaan kan itti gaggeeffameefi ummatootni biyyattii mirga hiree ofii ofiin murteeffachuu argatanii naannoleen ittihundaa'aniidha. Jijjiirama sirnaa yeroo sanatti dhufe bu'ura taasifatee naannoo mataasaa kan hundeesse Oromiyaan, barasirraa kaasee ijaarsi caasaalee manneen hojii mootummaa naannoo Oromiyaa sadarkaa naannootii hanga gandaatti jiru diriiruun kan jalqabe baruma sana.

Kanaaf, anis sanaan dura hanga ogummaafi humni koo danda'een tiyaatirri biyyattii akka ammayyaa'uuf shooraa bahachaa turus gara Oromiyaa dhufee caasaalee manneen hojii mootummaa sadarkaadhaan jiran hundeesuutti galle jechuudha. Sababuma hojmanee kanaatiif jecha Mana Tiyaatiraa Raas kan waggoota 10f tajaajile gadilakkise.

Bariisaa: Kanaaf gumaachi isin Oromoo Oromiyaaf ooltan hundeeffama Oromiyaarraa eegala jechuudha?

Doktara Kabajaa Diimaa: Sirritti malee, gaafa jijjiiramni akka biyyaatti dhufee saboonniifi sablammootni hundi eenyummaasaanii malee Itoophiyaa takkattii aadaafi eenyummaa walfakkaataa tokko qabdi jedhamee lallabamaa ture sun itti cabee hunduu naannoo ofii ijaarrachuutti kaanaan anis affeerraa qaamotni siyaasaa naannicha hundeesuuf jedhan naa dhiheessan gammachuu olaanaadhaan fudhadhee gara hojiitti gale.

Sadarkaa biiroorraa ka'ee hanga godina, aanaafi gandaatti caasaalee manneen hojii



mootummaa naannoo Oromiyaa hundeesuu keessatti anis shooraa guddaa taphadheera jedheen yaada. Kun immoo ana qofa osoo hintaane, ilmaan Oromoo ogummaawwan garagaraa qabaniifi iddoowwan adda addaatti tajaajilaa turan hundi ogummaa qabaniin ijaaramni Oromiyaa akka lafa qabatu taasisuu keessatti gaheesaanii bahataniiru amantaa jedhun qaba.

Bariisaa: Hundeeffamni Oromiyaa kun aartiin tiyaatiraa akka guddatuuf maal gumaacheera?

Doktara Kabajaa Diimaa: Waan hedduu gumaache jechuun ni danda'ama. Jalqabarratti, naannoon Oromiyaa hundaa'uun Afaan Oromoo afaan hojiifi afaan barnootaa, kan mana murtiitti ittiin falmattuufi hojii hawaas dinagdee hunda ittiin dhimma bahatamu ta'e.

Hundeeffama Oromiyaafi naannolee birootiin dura yemmuu ilaale hojiiwwan aartii manneen tiyaatiraa biyyattiitti hojjataman irra jireessaan kan afaan tokko qofaan hojjatamaniidha jechuun ni danda'ama. Hundaa'uun naannolee keessattuu kan ati na gaafatte, hundaa'uun Oromiyaa guddina aadaafi aartii, muuziqaa, diraamaafi tiyaatiraatiif gumaacha guddaa buuseera.

Akkuman duraan sii kaasuuf yaale caaseffama caasaalee manneen hojii naannoo Oromiyaa kana keessatti hunduu biiroo ogummaansaa itti dhihaaturratti kan hojjatu yemmuu ta'u, anis damee aadaafi aartii hundeesuufi qooda hojiisaa baasuurratti kan xiyyeeffateedha.

Akkuma naannoon Oromiyaa hundaa'ee

caasaaleen manneen hojii naannichaa sadarkaa hundatti diriiraniin booda, nuti ijoolleen, dhalattoota Oromoo taaneefi Afaan Oromoo danda'an walitti dhufnee tiyaatiroota Afaan Oromoo hojjachuudhaan Oromiyaa keessa naannofnee ummata biraan gahaa turreera.

Bariisaa: Erga Oromiyaan hundaa'ee caasaaleen aadaafi aartiis naannichatti ijaaramanii booda tiyaatirri jalqabaa Afaan Oromootiin hojjatame maal ture?

Doktara Kabajaa Diimaa: Tiyaatirri jalqabaa erga Oromiyaan hundaa'ee Afaan Oromootiin hojjatame tiyaatira 'Daawwitii Jireenyaa' jedhamuudha. Garuu tiyaatirri kun tiyaatira Afaan Oromoo isa jalqabaati akka hinjenneef immoo sanaan dura yemmuu nuti Yuunivarsiitii Finfinnee barannutti kan hojjatame tiyaatirri 'Qorannoo' jedhamu kan isa dursu waan ta'eef akka tiyaatira Afaan Oromoo jalqabaati kan ilaalamu isa kana.

Sana duras Hayilee Fidaa fa'as tiyaatira Afaan Oromoo kan jalqabaa hojjatameera yaadni jedhu jira. Haa ta'uu malee hojjatamuusaatiif ragaa qabatamaan hanga ammaatti hinjiru. Hojjatamuu tiyaatira biraatiif ragaaleen akka iskiriipitii ykn barreeffama tiyaatirichaa, taatootni eenyufaa akka ta'an beekamuu qaba.

Kanaaf akka tiyaatira Afaan Oromoo jalqabaatti ragaadhaan deeggaramee kan dhihaatu, tiyaatiruma nuti gaafa Yunivarsiitii Finfinnee jirru hojjanne 'Qorannoo'dha. Tiyaatirri kun qabatamaa ta'uusaatiif

KEESSUMMAA BARIISAA

barreeffamnisa hanga ammaatti jira, taatootni eenyufaa akka turanis ifatti beekama.

Bariisaa: Tiyaatirri Qorannoo jedhamu sun Afaan Oromootiin barreeffamee?

Doktora Kabajaa Diimaa: Lakki. Tiyaatirri Qorannoo jedhamu afaan biraarraa hiikame malee maddisaa Afaan Oromoo miti. Tiyaatira afaan Ingiliiziin hojjatame tokko jalqaba namni wayii gara Amaariffaatti hiike. Nuti, ijoolleen Oromoo Yuunivarsiitii Finfinnee, muumme tiyaatirraa barannu isa Amaariffatti jijjiirame gara Afaan Oromooti hiiknee hojjanne jechuudha.

Tiyaatiricha gara Afaan Oromooti hiikuu keessatti anaafi Mootummaa Asaffaatu shoorra guddaa bahate. Kan achirratti taphates anaafi Maartaa Silashiiti.

Bariisaa: Tiyaatira jalqabaa kana eessatti eenyuuf dhiheessitan?

Doktora Kabajaa Diimaa: Waan sidhibu tiyaatirri sun waltajjii guddaafi hoggantootni biyyattii irratti argamanirratti kan dhihaate ture. Tiyaatirri sun afaanota sadiin akka hojjatamu taasifamee yeroo mootummaan Dargii kufee finciltootni biyya qabatanitti hoggantootaaf dhihaate.

Gareewwan saditti qoodamuudhaan gareen tokko Afaan Oromootiin, kaan Amaariffaan, sadaffaa immoo Tigriiffaan akka dhiheessu taasifamee hoggansi gaafas achi ture daran ittigammade.

Yeroon tiyaatirichi ittihojjatameefi matadureensaa haala yeroo sanaa kan ibsu waan tureef hoggantootni dhaabbilee siyaasaa akka ilaalan taasifamuun hojiiwwan aartiitiif xiyyeeffannoon akka kennamu taasiseera.

Egaa haala kanarraa ka'uun tiyaatira 'Qorannoo' jedhu kana akka tiyaatira Afaan Oromoo isa jalbaatti fudhachuun ni danda'ama jechuufi. Sanaan booda garuu, tiyaatirri 'Dukkanaan Booda' jedhu kan Guutuu Wayyeessaatiin barreeffame tureera.

Bariisaa: Ogummaa tiyaatirraa kana gara Afaan Oromooti babal'isuurratti gufuuwwan isin mudataa turan maal fa'i?

Doktora Kabajaa Diimaa: Waggoota dheeraaf yommuu waa'een tiyaatirraa ka'u jalqaba gara sammuu namaatti kan dhufu Amaariffa. Amaariffa malee Afaan Oromoo dabalatee afaanota biraatiin tiyaatira hojjachuun waan namatti tolu kan itti hinfakkaanne namoota hedduudha.

Kanaaf hudhaan inni jalqabaa hubannoon hawaasni keenya tiyaatirarratti qabu gadaanaafi dadhabaa ta'uusaati. Ga'ee tiyaatirri guddina aadaafi aartii keessatti qabu wallaaluurraa kan madduudha.

Boodarra garuu gufuuwwan ilaalchaa kana cabsuuf ogeeyyota tiyaatirraa manneen tiyaatirraa biyyattiin qabdu hunda keessatti bebbeekamoo ta'aniifi Afaan Oromoo dubbachuu danda'an gurmeessine tiyaatira 'Daawwitii Jireenyaa' jedhamu deeggarsa Waldaa Misooma Oromiyaatiin naannawawwan Oromiyaa hunda naannofnee ummataaf dhiheessine.

Kunis ilaalcha gadaanaafi dogoggoraa hawaasni tiyaatirarratti qabu akka fooyya'u taasisuu keessatti shoorra olaanaa kan taphate tiyaatira 'Daawwitii Jireenyaa' kana jedhanii kaa'uun ni danda'ama. Gama biraatiin tiyaatira ogeeyyota guguddoodhaan qulqullinaan hojjatame kana Finfinnee qofatti osoo hinta'in godinaalee Oromiyaa hundarra naanna'uudhaan Oromoo hundaaf akka dhihaatu taasifamuunsaa ilaalcha

hawaasni tiyaatirarratti qabaachaa ture sirreessuu keessatti gahee guddaa bahateera jechuun ni danda'ama.

Sana booda egaa hubannoon hawaasaas jijjiiramaa hamileefi miirri ogeeyyota tiyaatirraa cimaa waan dhufef tiyaatiroota garagaraa qopheessuufi dhiheessuun cimee ittifufe. Fakkeenyaaf tiyaatirri 'Gumaa' jedhamuufi anumi qopheesse ni eerama. Gumaa Mana Tiyaatirraa Raas dabalatee iddoowwan garagaraatti daawwatootaaf dhihaachaa ture.

Hojii tiyaatirra qofa osoo hintaane, hawwisooowwan sadarkaa godinaafi bulchiinsota magaalotaa akkasumas aanaaleetti akka hundeeffamaniif hirmaannaa cimaa taasisneerra. Kana keessatti gumiiwwan hawwisoo muuziqaa qofa osoo hintaane, gama tiyaatirraa itti dabalani akka hojjatan taasisuutiin shoorra hangafaan taphachaa ture. Kanaaf, haalota armaan olitti sii ibsuuf yaaleen ogummaan tiyaatirraa kun akka guddatu taasifameera.

Kana malees tiyaatirri tokko hojjatamee iddoon itti dhihaatu barbaachisaa waan ta'eef galmoonni aadaa magaalota Oromiyaatti hojjataman tiyaatirraaf akka mijataniif dhiibbaawwan garagaraa taasifneen irra jireessaan milkaa'eera jechuun ni danda'ama. Kana Giddugalli Aadaa Oromoo Finfinneetti argamu isa tokko.

Bariisaa: Namoota akka Giddugalli Aadaa Oromoo akka ijaaramuuf dhiibbaa gochaa turan keessa jirtu jechuudhaa?

Doktora Kabajaa Diimaa: Dhiibbaa taasisuu qofa osoo hintaane, diizaayiniisaafi wantoota inni hammachuu qaburratti yaada dhiheessuurraa kaasee hanga raawwachiisuutti gumaacha guddaan keessaa qaba. Oggaa giddugalli guddaan akkanaa ijaaramu, aadaawwan, sirboota, diraamaafi tiyaatirraafis haala mijataa ta'uu waan qabuuf namoota biroo waliin taanee hojjachaa turre.

Magaalota Oromiyaa tokko tokko keessatti giddulliiwwan aadaa guguddoofi giddugaleessaa bara Dargii ijaaraman jiru fakkeenyaaf; kan Naqamtee, Baatuu, Roobeefi Mattuufaa eeruun ni danda'ama.

Fedhiin ijaarsaa galmoota walga'ii qofa osoo hintaane, galma aadaa, diraamaafi fiilmii, tiyaatiraafi agarsiisota garagaraa keessatti ilaalaman akka dabalu taasisuu akka carraatti gargaaramnee iddoowwan hundatti ijaarsotni akkasii akka baay'ataniif mootummaadhaaf yaada dhiheessaa turre.

Tiyaatira yemmuu jedhamu namni hedduun akka waan nama bashannansiisuu qofaatti ilaala. Garuu faayidaan tiyaatirraa sanaa oli. Tiyaatira dhimma barbaachisaa ta'e tokkoratti hubannoofi dadammaqina ummataa ittiin uumuuf ni gargaara. Yoo barbaachisaa ta'e ergaawwan siyaasaa keessatti dhoksanii meeshaa qabsoo taasisuunis ni danda'ama.

Wareera dhibeerratti kaka'umsa ummataa uumuuf bu'aan tiyaatirra qabatamaan akka mirkanaa'u taasisuurratti ijoollee duubaa dhufaa leenjifnee akka hojjatan taasifneerra.

Bariisaa: Oolmaa isin waggoota afurtamman darban ummataaf ooltaniif barana Yuunivarsiitiin Naannoo Oromiyaa Doktareetii kabajaa isinii kenneera. Beekamticha akkamitti ilaaltan?

Doktora Kabajaa Diimaa: Ifajjii guddaa waggoota dheeraadhaaf taasisaa turreef Yuunivarsiitiin Naannoo Oromiyaa beekamtiifi Doktareetii Kabajaa naa



kennusaatti gammachuu guddaatu natti dhagahame. Jarri na mariisani osoo hintaane, hojiiwwan waggoota dheeraa keessatti hojjachaa ture gadifageenyaan qorataniiti beekamticha kan naa kennan.

Kunis ogummaa tiyaatira Afaan Oromoo babal'isuu keessatti hojii adda durummaa qabu hojjechuu kootiin beekamtii argadheedha jedheen amana. Hojichi tiyaatira barreessuu, qopheessuu, taphachuufi hogganuu kan dabalatu yemmuu ta'u, dabalataanis dorgommiiwwan tiyaatirraa adda addaa qopheessuudhaan dhalootni duubaa dhufu baay'inaan akka irratti hirmaatu taasisuu korraa kan ka'eedha.

Fakkeenyaaf qophii, Daddaraaroo, Qophii Dorgaa Dorgee, sagantaa Dhangaa Afaan Oromoo dur Televizhiinii Itoophiyaarratti darbaa ture bocuufi leenjiiwwan dargaggootaaf kennuudhaan dameen aartii sadarkaa amma jiru irra akka qaqqabu taasisuun shoorra bahachaa turre xiyyeeffannoo keessa galchuudhaan beekamtii nuu kennameedha.

Dabalataanis kolleejjiiwwan barnootaa naannoo Oromiyaatti hunda keessa naanna'uudhaan barattoota barsiisummaa leenji'aniif leenjii afoola Oromoofi aadaa Oromoo dhaloota dhufuuf dabarsuu danda'anirratti leenjiiwwan walirraa hincitne kennaa turreerra.

Kanaaf beekamtiifi doktareetiin kabajaa naa kenname hojiiwwan guguddoo armaan olitti siif ibse kanneenirratti hundaa'uudhaan akka ta'e ifaadha.

Ammas taanaan mindarraa soorama baheera. Garuu hojiifi ogummaa kiyya ittuman jira. Kanaafuu, kanaan boodattis dhalootni boodaa dhufu aadaafi afoola, diraamaafi fiilmii akkasumas tiyaatira Afaan Oromoorratti ogummaa gahaa argatee akka hojjatuuf leenjii sadarkaa barbaachisu hundatti kennuu koo ittuman fufa jechuudha.

Erguman soorama baheeyyuu tiyaatiroota hedduu qopheesseera, hedduus barreesseera. Kanaaf ammas Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa wajjin taanee leenjiiwwan garagaraa kennaa jirra.

Bariisaa: Tiyaatiroota hanga ammaa isin barreessitan ykn qophessitan muraasa nuu tarreessaa mee?

Doktora Kabajaa Diimaa: Daawwitii Jireenyaa, Qorannoo, Kiyyoo, Gumaa, Hoteelloo, Hireefi kkfkaasuun ni danda'ama. Waliigalaan tiyaatiroota garagaraa 20 ta'an keessatti qooda fudhadheera. Ani immoo hojjachuu malee laakkaa'uu hinbeeku. Ijoollee ani leenjisuutu na caalaa beeka; baay'inasaaniifi maqaa maqaasaanii.

Dhaloonni boodaa dhufuufi nuti leenjifne ogummaa kana gara sadarkaa caaluutti dabarsuu akka danda'an abdi guutuu irraa qaba. Tiyaatira qofa osoo hintaane, gama fiilmiifi diraamaatiinis ijoolleen har'a Oromiyaa keessatti hojiiwwan babbareedaa hojjachaa jirtu bu'aa dadhabii keenyaati.

Bariisaa: Ani gama kootiin gaaffii koo xumureera isin dhaamsa yoo qabaattan?

Doktora kabajaa Diimaa: Guddinni teknoloji yeroo ammaa mul'achaa jiru kun sirnaan yoo qabamuu baate aadaafi eenyummaa ofii dagatanii carraan seenaafi eenyumaa biyya alaa karaa miidiyaa hawaasaa naanna'u fudhachuu bal'aadha. Garuu miidiyaan hawaasaa sanayyuu kan eenyummaafi aadaa ofii ittiin beeksifataniifi barumsa itti dabarsan taasisuun ni danda'ama waan ta'eef, dhalootni har'aa carraa teknolojiin kun uumeeffitti gargaaramuudhaan haala hojiiwwan aadaafi aartii Oromoo ittiin beeksifamuufi hawaasa fageenya irra jirus ittiin dhaqqaburratti cimee hojjachuun irraa eegama.

Bariisaa: Yeroo nuu kennitaniif guddaa galatoomaa!

Doktora Kabajaa Diimaa: Isinis baay'ee galatoomaa.

AADAIFI AARTII

Goobeefi Shinooyyee : Ayyaana dargaggootaafi shamarranii

Natsaannat Taaddasaatiin

Goobeefi Shinooyyee ayyaana dargaggoonniifi shamarran Oromoo uffannaafi faayaawwan aadaatiin bareedanii, riifeensa isaanii tolfatanii sirbaafi shubbisa aadaatiin jala bultii bara haaraatti kabajaniidha. Akkasumas ayyaana dargaggoonniifi shamarran itti wal ilaallataniifi wal kaadhimatan ta'utu himama.

Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatti Hogganaa Ittaanaafi Ittigaafatamaa Damee Aaddaa Obbo Biraanuu Buuxee gaafdeebii Kibxata Darbe Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, Goobeefi Shinooyyee birraan bari'uuf ji'i tokko yeroo hafurraa eegalee ayyaana dargaggootaafi shamarran Oromoo sirbootaafi shubbisa aadaatiin kabajaniidha.

Ayyaanni Goobeefi Shinooyyee waggoota sadan darbanii asi qindoomina biirichaafi Dhaabbata Piromooshinii Artii Boraatiitiin haala miidhagaafi hawwataa ta'een Finfinneefi magaalota Oromiyaa gara garaa keessatti kabajamaa kan ture yoo ta'u, kan baranaafis qophiin barbaachisu taasifameera jedhu.

Ayyaanichi waggoota dheeraaf keessumaa Finfinnee keessatti addaan citee turuu himanii, tattaaffii Biirron Aadaaf Turizimii Oromiyaa, Artistoota, dargaggootaafi Dhaabbata Piromooshinii Artii Boraatii waliin ta'uun waggoota sadan darbanii as Ayyaana Goobeefi Shinooyyee bakkatti deebisuuf taasisaa tureen hojiilee bu'aawwan



Dargaggoota ayyaanicharratti hirmaatan keessaa

guguddoon galmaa'aniiru. Ayyaanichi aadaa, duudhaafi safuu Oromoo ganamaa bakkatti deebisuuf, beeksisuufi guddisuu keessatti gahee olaanaa waan qabuuf gara fuulduraatti Oromiyaa guutuutti babal'isuuf xiyyeeffanna guddaan kan hojjetan ta'uu himaniiru.

Ayyaanichi waggoota sadan darban dargaggootaafi shamarran Oromoo uffannaafi faayawwan aadaatiin miidhaganiifi rifeensa mataasaanii tolfatanii keessumaa Finfinneetti kabajamaa turuu himanii, ayyaana baranaaf dargaggoonni Magaalaa Shaggar karaa ijaarameen qophii barbaachisu taasisaniiru. Biirron Aadaafi Turizimii Oromiyaa dargaggoota, shamarraniifi qaamolee qophii ayyaanicharratti hirmaatan kan deggaruufi jajjabeessu ta'uus himaniiru.

Dardarraniifi shamarran Oromoo yeroo ammaa dammaqanii aadaa, duudhaafi eenyummaasaaniitiin boonaa jiru kan jedhan Obbo Biraanuu, dargaggoonni utuu qaamni biraan isaan hinkakaasiin aadaa, duudhaa, safuufi eenyummaa Oromoo ganamaa bakkatti deebisuuf kutannoo cimaadhaan hojjechaa jiru. Ayyaanni Goobeefi Shinooyyee kunis hojiilee dargaggoonni Oromoo aadaafi duudhaa Oromoo bakkatti deebisuuf raawwachaa jiran keessaa akka fakkeenyaatti kan eeramu ta'uu dubbatu.

Dardarraniifi shamarran Oromoo waggoota sadan darban Ayyaana Goobeefi Shinooyyee kaffaltii tokko malee torban tokkoo oliif Kutaalee Magaalaa Finfinneerra naanna'anii agarsiisaa turaniiru; kan baranaafis qophii gaarii taasisaniiru. Kun jaalala isaan aadaa,

duudhaafi eenyummaasaaniitiif qaban mul'isa. Hojii dargaggoonni kaka'umsa isaaniitiin aadaa, duudhaafi eenyummaa Oromoo beeksisuuf, guddisuufi babal'isuuf raawwachaa jiran baasii mootummaatiin utuu ta'ee baay'ee ulfaataa ta'uus eeraniiru.

Goobeefi Shinooyyee ayyaana dargaggoonni hojiirra bilisa ta'anii bakkaa bakkatti socho'anii sirbaafi shubbisaan ayyaanefataniidha. Akkasumas ayyaana dargaggoonniifi shamarran irratti wal ilaallatan, wal kaadhimatan, jaalalaafi gammachuusaanii itti ibsatan, Waaqa baciaa gannaa keessaa gara booqaa birratti isaan baase itti galateeffatan, dinqisiifataniiif kadhataniidha. Ayyaanichi jala bultii bara haaraatti waan kabajamuuf ummanni keenya dammaqqe bara haaraa akka abdiifi gammachuu simatu akkasumas Ayyaana Irreechaa fuuldura isaa jiruuf akka of qopheesuuf kan isa kakaasu ta'uus himaniiru.

Goobeefi Shinooyyee ayyaana dargaggoota hojii kamirraayyuu bilisa ta'anii bakkaa bakkatti socho'anii kabajan yoo ta'u, maatiin ammoo dargaggoota manarra naanna'anii sirbaniif nyaatawwan aadaafi qarshii kennuudhaan rifeensa mataa shamarranii dhadhaa dibanii cebbisaniif jaalalaafi gammachuu guddaan isaan simatanii geggeessu.

Ayyaanichi, jaalala, tokkummaafi walitti dhufeenya dargaggootaafi shamarranii daran cimsuufi akka walbaran taasisuu keessattis gahee olaanaa waan qabuuf

Gara fuula 13 tti



Ashandaa, Ashandiyyee, Shadayiifi Solal: Ayyaanota jala bultii bara haaraa

Natsaannat Taaddasaatiin

Ayyaanonni Ashandaa, Ashandiyyee, Shadaayiifi Solal ayyaanota Kaaba Itoophiyaa Naannoo Tigraayyiif Amaaraatti daran beekamaniifi jala bultii bara haaraatti kabajamaniidha. Ayyaanonni kunneen Hagayya 16-26tti kan kabajaman yoo ta'u, keessumaa naannoo Amaaraa, Tigraayyiifi Magaalaa Finfinneetti kabajamaa jira.

Hirmaattonni ayyaanichaas uffannaafi faayawwan aadaatiin miidhaganii rifeensaanii tolfatanii sirbaafi shubbisa aadaatiin ayyaanicha kabajaa jiru.

Ayyaanonni kunneen naannoo Amaaraa naannawa Wagihmiraafi Saqoxaatti 'Shaday', Laastaafi Laallibalaatti ammoo 'Ashandiyyee' akkasumas Raayyaa Qobbooti 'Solal' jedhamanii kan beekaman yoo ta'u, Naannoo Tigraay, Indartaafi

Tambeenitti 'Ashandaa' Aksumitti 'Ayniwaarii' akkasumas naannawa Adigraatitti 'Maariyaa' jedhamuun beekamu.

Ayyaanonni aadaafi duudhaa obbolummaa, wajjuma, nageenya, jaalalaafi tokkummaa ummata biyyattii cimsuuf gargaaran kunneen jala bultii bara haaraatti waan kabajamaniif ummanni bara haaraa abdiifi gammachuu guddaan akka simatuuf kan kakaasanidha.

Keessumaa kan Ashandaa barana Naannoo Tigraay, Maqaleetti Roobii darbe kabajamerratti gareen Oromiyaa Hogganaa Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa Obbo Huseen Fayyisootiin durfameefi abbootii Gadaafi haadholee Siinqee of keessaa qabu dabalatee saboonniifi sablammoonni biyyattiirraa babahan hirmaachuun akeeka hariiroo waloo cimsuu ayyaanichaas dhugoomsaniiru.

Qarreefi Qeerroo

Dargaggeessa hojiiwwan kalaqaa 20 oliin fakkeenya ta'e; Gurmeessaa Goobanaa

Bayyanaa Ibraahimiin

Barnoota sadarkaa jalqabaa osoo baratuu fedhiifi hawwiin kalaqaa onneessaa booji'e. keessattuu barataa kutaa 5ffaa yemmuu turetti, barnoota ogummaa harkaa jedhamu yemmuu fudhachuu eegalutti fedhiin keessoosaatti uumamte lafa qabachuu eegalte.

Akkuma umuriniis dabalaa sadarkaa barnootaatiinis guddachaa adeemuun immoo hawwiin kalaqaa kun hundeesaa gadi fageeffachaafi gara hojii qabatamaattis ce'uu eegale. Barnoota kutaa 6ffaan booda garuu hojiiwwan kalaqaa xixiqqoo irraa kaasee osoo hintuffanne hojjechuudhaan hawaasa mana barnootaatiif dhiheessuu eegaluunsaa badhaasota hamileesaa cimsan yeroo adda addaatti akka argatu isa dandeessisee imalasaas finiinse.

Barnoota sadarkaa lammataa xumuruudhaan qabxii yunivarsiitiitti isa galchu kan argate abbaan kalaqaa kun, kanaanis Yunivarsiitii Gondaritti al tokkotti dameewwan barnootaa lamaan (saayinsii Kompiitaraafi Hortikaalcharii)tiin barnootasaa itti fufe.

Sababoota gara garaatiin barnootni Yunivarsiitii Gondaritti eegale mijachuufi dhabnaan addaan kutuudhaan gara Yunivarsiitii Arsiitti qajeelee barnootasaa Hortii Kaalcharii idileedhaan, barnootasaa Saayinsii Kompiitaraa immoo yunivarsiitii dhuunfaatti kan ittifufe dargaggoon kun, Yunivarsiitichatti qabxii olaanaadhaan waan eebbifameef yeroo ammaa achuma Yunivarsiitii Arsiitti hojii barsiisummaarratti argama.

Yeroo ammaa kalaqoota gara garaa 20 ol ta'an kan maqaasaatiin galmaa'an kan qabu dargaggo Gurmeessaa Goobanaa, ilma Abbaa Gadaa Tuulamaafi Barreessaa Gumii Abbootii Gadaa Oromoo, Goobanaa Hoolaati.

Hojiiwwan kalaqaa dargaggoon kun hanga ammaatti hojjachaa ture keessaa yeroo saayinsiifi teknolojiin sadarkaa Oromiyaatti hundeeffame Ministira Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyiyiin durfamaa turerrattis badhaasota gara garaa harkasaaniirraa fudhachuu dubbata.

Erga yunivarsiitii seenee fedhiifi hawwiwwan kalaqaa onneessaa keessa jiran barnootaan gabbifatee boodatti kalaqawwan rakkoolee hawaasaa furuu danda'aniratti xiyyeeffatee hojjachuu eegaluu kan himu dargaggo Gurmeessaan, kana keessaa immoo rakkoo qonnaan bulaa furuuf kan hojjatame meeshaan qoricha farra aramaa biifu isa tokkoofi guddaa ta'uu ibsa.

Faayidaan meeshaan kalaqa haaraan hojjatame kun qabu hubatamee bakka Ministeerri Qonnaa yeroo sanaa (Obbo Umar Huseen)fi hayyoonni hedduu jiranitti karaa Pirezidaantii Yunivarsiitii Arsiitiin kalaqichi gara fayyadamtootaatti akka dabarfamu taasifameera.

Kanaanis qonnaan bultoota naannawaa yunivarsiitichaa Godina Arsiitii keessatti argamaniifi adda duree ta'aniif meeshaan kun akka kennamu taasifameera. Hojii



Hojiin kalaqaa kun kan qoricha farra aramaa biifu gofa osoo hintaane, kan xaa'oo dhangala'aas buusuu danda'u, midhaan sararaan facaasuu danda'u, waliigalatti maashinii tokkicha hojiiwwan gara garaa afur ta'u raawwachuu danda'u qonnaan bulaadhaaf gumaachuu danda'eera



kalaqaa kun kan qoricha farra aramaa biifu gofa osoo hintaane, kan xaa'oo dhangala'aas buusuu danda'u, midhaan sararaan facaasuu danda'u, waliigalatti maashinii tokkicha hojiiwwan gara garaa afur ta'u raawwachuu danda'u qonnaan bulaadhaaf gumaachuu danda'eera.

Kanaan dura meeshaan qoricha farra aramaa ittiin biifan kan dugdatti baatamu ta'uusaatiin dadhabbi nama qoricha biifuu salphisuuf maashiniin haaraa kun barbaachisaa ta'uu kan kaasu dargaggoon kun, kan amma inni kalaqee qonnaan bulaa biraan gahe kun dugdatti osoo hintaane harkaan dhiibamaa kan biifamu waan ta'eef dadhabbi qonnaan bulaas sadarkaa olaanaadhaan kan hir'isu ta'uu dubbata.

Akka ibsasaatti; hojiin kun beekumsa aadaa ummatni keenya qabu gara teknolojiin innoveeshinii ykn kalaqaatti kan ceessisedha. Maashina haaraa kana harkaan dhiibuudhaafis bifa hinulfaanneen gommaadhaan akka socho'u, akkasumas motoraan akka socho'ee hojiisaa raawwachuu danda'utti kan kalaqameedha.

Wanti guddaan maashiniin haaraa kun raawwatu biraan dadhabbi qonnaan bulaa tokkoo kan maashinicha fayyadamuu kan hir'isu duwwaa osoo hintaane, yeroo tokkotti hojiin maashiniin kun hojjete, isa silaa qonnaan bulaan torba gurmaa'ee hojjetu kan bakka bu'uu danda'udha.

Maashiniin haaraan kun yeroo sanaaf kan raabsame qonnaan bultoota adda duree qofaaf ta'us, namni ooyruu bal'aa qabuufi

kanneen biroos maashinicha bitachuudhaan ykn warra qabanirraa kireeffachuudhaan ittiin gargaaramuu ni danda'u.

Maashiniin kun hojii qonnaa facaasaa irraa kaasee hanga haamaatti jiru hunda kan raawwatu yemmuu ta'u, midhaan sararaan facaasee, erga biqileen booda immoo xaa'oo dhangala'aa kenneefii, sanaan booda aramaa biqiluu danda'uuf qoricha farra aramaa afuufee ykn biifee, yeroo sanyiin sun ga'utti haamuufis kan gargaaru waan ta'eef hojii qonna ammayyeessuufi dadhabbi qonnaan bulaa xiqqeessuu keessatti shoora olaanaa kan bahatuudha.

Hojiiwwan kalaqaa baay'atanii biyyattii akka geeddaraniif immoo dhaloota dhufurratti hojjechuun barbaachisaa ta'uu kan himu dargaggo Gurmeessaan, keessattuu barattootni dhaabbilee barnoota olaanaa keessa jiran hojii kalaqaarratti hubannoo argatanii gaafa eebbifamanii bahanittis hojii mataasaanii akka ummataniif kan gargaaru ta'uu dubbata.

Yeroo ammaa Yunivarsiitii Arsiitti Diinii Ittaanaa Barattootaa ta'ee tajaajilaa kan jiru Gurmeessaan kunis, barattootni hojii kalaqaasaarraa muuxannoo fudhatanii kan dhuunfaasaanii akka yaalaniifi fedhiin kalaqaa immoo keessasaaniitti akka uumamu taasisuuf kan isaan gargaaru ta'uu ibsa.

Akka ibsasaatti; kalaqni nama tokkoo biyyattii jijjiiruu hindanda'u. biyyattiin gama kalaqaatiin ogeeyyota hedduu akka horattuuf irratti hojjatamuu qaba. Anis

gama kiyyaan muuxannoo qabu barattoota yunivarsiitichaa qooduudhaan barataan tokko gaafa yunivarsiitirraa eebbifamee bahu yoo xiqqaate ogummaa tokko horatee akka bahuuf yaalii taasisaan jira.

Hojiiwwan kalaqaa hanga ammaatti hojjadhee uummataan gahe keessatti kan na gargaare Yunivarsiitii Arsiitii, keessattuu Pirezidaantiin yunivarsiitichaa Doktor Dhugumaa Addunyaa nama addaati. Hojiiwwan hojjannu hunda keessatti gorsaanis ta'e waantota barbaachisan hundaan nu biraa hafee hin beeku jedha dargaggoon kun.

Yeroo ammaa kanatti immoo barbaachisummaan maashinoota kanneenii waan daran dabalaa jiruuf baay'inaan omishamee qonnaan bulaa bira akka gahuuf hojjetamaa jira jedha.

Maashinii kana hojjechuuf yoo xinnaate waggaa afurii ol itti fudhachuu kan dubbatu Gurmeessaan, ka'umsi jalqabaa yaadni maashinii kana kalaquu itti uumamuu danda'e immoo rakkoo raammoon geerii sanyii qonnaan bulaarratti dhaqqabsiisaa turerraa ka'uudhaan, akka furmaata waan kanaa ta'uuf yaadee ta'uu eera.

Maashinni kun sadarkaa amma irra jiru irra ga'uuf yeroo afur fooyya'uusaafi kunis yeroorraa yerootti ooyruu qonnaan bulaa keessatti erga yaalamee booda hanqinoota jiran hir'isaa faayidaasaa dabaluuuf kan gargaareedha jedhe.

Dorgommii ogummaa kalaqaa Baankiin Awaash "Qaxaleewwan" jedhuun sadarkaa gara garaatti dargaggoota kalaqa garaa qaban marsaawwan garaa garaatiin taasisa turerratti hojii qalaqaasaatiin dorgomuu kan danda'e abbaan kalaqaa Gurmeessaan, dorgommicha sadarkaa Iffaadhaan xumuree badhaasa qarshii miiliyoona tokkoo argachuunsaa kan yaadatamudha.

Walumaagalatti; dargaggoonni barnootarra jiran hundi hanga danda'ameen hojii kalaqaarratti akka xiyyeeffataniif yoo himu, innis gamasaatiin yeroo ammaa gaheessaa bahachaa jiraachuu dubbata. Dhimmi kalaqa addaa kun biyyoota guddinarra jiraniif murteessaa waan ta'eef caalaatti akka hojjetamuuf deeggarsi barbaachisu taasifamuufi qabaan dhaamsa keenya.

Obbo Araggaa Kabbadaa pirezidaantii Naannoo Amaaraa ta'uun muudaman

Finfinnee: Manni Marii Naannoo Amaaraa Obbo Araggaa Kabbadaa pirezidaantii naannichaa taasisuun muude, gaaffii aangoo gadilakkisuu pirezidaantii duraanii Doktor Yiliqaal Kaffaala fudhate.

Manni marichaa yaa'ii hatattamaa kaleessa Baahiritti taa'een haala tasgabbiin naannichaarratti kan mari'ate yoo ta'u,

naannichatti riiformii hojjiirra oolchuuf waliigaltee wajjumaarra ga'eera.

Manni marichaa gaaffii aangoo gadilakkisuu pirezidaantiin duraanii Doktor Yiliqaal Kaffaala dhiyeessan fudhachuun muudama pirezidaantii haaraa, Obbo Araggaa Kabbadaa kan raggaasise ta'uu 'AMC'n gabaaseera.

Paarkiiwwan...

hammatan ta'uun ibsameera.

Sirnicharratti argamuun haasawa kan taasisan pirezdaantiin Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa akka jedhanitti, Oromiyaan qabeenya uumamaafi namtolchee hawwata turizimiiif oolan hedduu qabaattus misoomsuufi beeksisu dhabuutiin faayidaan argamuu malu otoo hinargamiin hafeera. Kanaanis, faayidaaleen hawaas dinagdee, aadaafi seenaa dhabameera.

Seenaa kana jijjiiruuf waggoota sadan darban xiyyeeffannaa olaanaa kennuun hojii damicharratti hojjetameen qabeenyawwan dilbii jiran adda baasuun humna guutuun hojjechuun bu'aa barbaadamu fiduuf sochiin taasifamaa jiraachuu eeranii, hojiiwwan eegalaman kunneenis caalaatti ittifufuun fayyadamummaa ummataa akka mirkaneessaniif yeroo kamuurra akka hojjetamu ibsu.

“Paarkiiwwan haaraa 24 godinaalee 12 keessatti argaman lafa hektaara kuma 500 ol irratti hundeesuun akkasumas iddoowwan ikoo turizimiiif oolan 18 lafa hektaara kuma 100 ol adda bahuun daangeffaman waliin misoomsuufi beeksisuuf carraa kan uumaniidha. Hojiiin gama kanaan hojjetamu qabeenya turizimii qabnutti fayyadamuun carraa hojii uumuufi dinagdee utubuurra darbee madaallii uumamaa eeguun aadaa, safuufi eenyummaa ummataa bakkatti kan deebisudha” jedhu.

Pirezidaanti Shimallis kaartaa qabiyyee iddoowwan hawwata turizimii daangeffamanii godinaaleef kennaniiru.



Obbo Shimallis wayita kaartaa iddoowwan daangeffamanii godinaaleef kennaniiru

Sagantaa beeksisuun kanaan duras dheengadda galma Waajjira Pirezdaantiin Oromiyaatti paanaalii qaamolee dhimmichi ilaallatu waliin mariin kan taasifame yoo ta'u, kanarrattis barreeffamoonni garagaraas dhihaataniiru.

Dhaabbata Bosonaafi Bineensota Bosonaa Oromiyarraa Mohaammadnuur Jamaal barreeffama dhiheessaniin akka jedhanitti, sadarkaa naannooti hojiileen inisheetiivii guddoo qabamanii hojjetamaa kan jiran yoo ta'u, kanneen keessaa dhimmi misoomaafi eegumsa paarkotaafi bakkeewwan ikoo turizimii isa tokko. Kanaafis xiyyeeffannaa kennuun kan barbaachisu madda dinagdee taasisuurra darbee sababa lakkoofsi namaa akkaan dabalaafi magaalaa babal'ataa deemuun mancaatii qabeenya uumamaarra qaqqaba xiqqeesuufi.

Akka Oromiyaatti paarkiiwwan sadii, bakkeewwan adamoo 22fi bakkee eegumsa bineensotaa hektaarii miliyoona tokko, iddoon eegumsaa bosona uumaa lafa hektaara miliyoona 2.3 ta'u eegamaa jiraachuu himanii, qabeenya uumamaa naannichi qabu waliin caalaatti hojjetamuu akka qabu eeru.

Komishinari Ittaanaan Komishinii Turizimii Oromiyaa Obbo Daraaraa Katamaas sektaroota misooma biyyaa mirkaneessu jedhamanii adda baafaman keessaa turizimiin tokko ta'uu eeranii, kana hubachuunis hojiilee misoomsuufi beeksisuurratti xiyyeeffannaan hojjetamaa turuufi jiraachuu ibsu. Keessumaa inisheetiivii pirezdaantiin naannichaa fudhatanii hojii bal'aan hojjetamuu kaasu.

Godambaa Hayilee...

gargaareefi humna kan kenneef ta'uudha kan eere. Kun rakkina mudatu dandamataniin obsaan injifannoo gonfachuun akka danda'amu kan agarsiisuudha. Darbatamusaa akka carraa gaariitti fayyadamuun daddaffii dabalatee mo'achuu danda'eera jechuudha. Suurri taatee kanafaa sirriitti agarsiisu godambichatti argama.

Akeekni Hayilee fiigee mo'achuu qofa

otoo hintaane dirree olompikiirratti maqaa biyyasaa waamsisuudha. Isas milkeeffateera. Godimbichatti badhaasonni injifannoowwan addababa'iwwan oggaa Asallaa jirurraa kaasee hanga addunyaarratti galmeessiseen argate haala gaariidhaan argamu.

Baay'inni riikardiiwwan inni caccabsees qindeeffamanii argamu. Kana malees kophee dabalatee uffannaawwan ispoortii

ittiin fiige, meeshaan muuziqaa akka piyaanoo yeroo boqonnaasaa ittiin bashannanu, barruuleewwan afaanota biyya alaatiin qophaa'aniifi waa'eesaa gabaasan ni jiru.

Nuti waa'ee godambichaa gabaabinaan erga hangana jennee isa hafe dubbistoonni bakkichatti argamanii akka daaw'ataniif afeerra.

Waa'een miseensummaa...

dabarsaniiru.

Kunis miseensa gurmuu kanaa ta'uuf gaaffii kan dhiyeessan yoo xiqqaate biyyoota 40 ta'u. Haa ta'uutii kan carrooman Itoophiyaa dabalatee Gibxii, Arjantiinaa, Iraan, Imireetota Araba Gamtoomaniifi Sawud Arabiyaa qofa. Waa'een milkaa'uu miseensummaa kun salphaatti osoo hintaane walfalmii yeroo dheeraan booda ta'uus Aljaziraan gabaaseera.

Dhimmuma kana ilaalchisee dippiloomaatiin buleessi Ambaasaadaar Xuruna Zeenaa turtii Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan dhaabbilee idiladdanyaa yeroo garagaraa hundaa'an keessatti biyyoota Afrikaa dursitee miseensa ta'uun beekanti. Hundaa ol garuu osoo biyyootni dinagdeenuu ishee caalan hedduun jiranii miseensummaa gurmichaa ta'uunshee hojii dippilomaasii olaanaafi akkaan nama boonsuudha.

Itoophiyaan qormaata addunyaa kan ta'e dhibee koronaafi waraana mudatee ture dandamattee guddinni dinagdee galmeessite shoora mataasaa taphachuu himanii; qormaata keessaafi alaa dandamachuun guddina saffisaa galmeessisuun waa tokko ta'ees addunyaadhaan simatamuun carraa guddaa biyyattii boonsu ta'uu ibsaniiru.

Miseensa gurmuu dinagdee haqaqabeessaafi sirna waliin jireenyaa walqixxummaarratti hundaa'e ta'uun Itoophiyaa bu'aa dippilomaasii olaanaa ta'uun ala fayyadamummaa rogawwan maraa

mirkaneessuu keessatti gahee leencaa qabaachuu eeranii; miseensa gurmuu kanaa ta'uunshee guddina duraan qabduurratti humna dabalataa gara fuulduraatti ishee tarkaanfachiisu akka argattu taasisa jedhan.

Itoophiyaan akkuma jedhame biyya siyaasaafi dinagdeen dadhabaa deemtu osoo hintaane rakkoon keessoo akkuma jirutti ta'ee biyya milkaa'aa jirtu ta'uu dubbatanii; ammaan tana biyyoonni michuu Itoophiyaa ta'uu fedhan heddummaataa akka jiranis eeraniiru.

Miidiyaan Chaayinaa 'CGTN' akka ibsetti, bara 2022 qabiyyeen daldala biyyoota gurmuu 'BRICS' doolaara Ameerikaa tiriliyoona 9.2 ga'eera. Gurmuun kun qabeenya guddaa sochoosaa akka jiru kanarraa hubachuun ni danda'ama. Sochii daldalaa kana keessatti Chaayinaa qofti doolaara Ameerikaa biliyoona 333 sochoosaa jirti.

Olaantummaa dinagdeefi siyaasaa warra Lixaa haqaqabeessa gochuuf kan onnate gurmuun 'BRICS' yeroo gabaabaa keessatti maallaqa mataasaa hojiirra kan oolchu ta'a. Gama qabeenyaatiin wayita ilaalamu sadarkaa amma jiruunuu qabeenya addunya keessaa dhibbantaa 25 qabateera.

Deeggarsas ta'e liqaan gurmuu 'BRICS' harka micciiruura bilisa. Kaayyoonsaa guddina waldeeggarsaafi kabaja walooratti hundaa'e dagaagsuudha. Si'aayinaan hojjechuufi rakkoo dandamachiisuun dhaadannoo gurmichaa yommuu ta'u, gaba addunyaa tasgabbeessuun ammoo

kaayyoosaa lammataati. “Biyyootni addunyaa hundi guddachuuf mirga guutuu qabu” jedhan Pirezidaantiin Chaayinaa Zhii Jinqiingi haasaa waltajjicharratti taasisaniin.

Jijjiiramni haala qilleensaa, ce'umsa barnootaafi guddina dandeettii gara fuulduraa, daldalli gaba bilisaafi rakkoo dhibee koronaatiin uumamee ture dandamachiisuun manii guddina waaraa bara 2030 milkeessuufaan ajandaa marii ijoo turan.

Haaluma walfakkaatuun Hayyuun Saayinsii Siyaasaa Doktor Yaaqoob Arsaano gamasaanii, Itoophiyaan miseensa 'BRICS' akka taatuu wantootni sababa ta'an biyya birmadummaashee eeggachuu, ummata baay'ee qabaachuu, Afrikaa Bahaa keessatti dhageettii guddaa qabaachuufi argamsahee ta'uu eeranii; biyyu kun durii kaaste addunyaarratti dhageettii qabaattus kan miilanaa kun milkaa'ina guddaa ta'uu ibsaniiru.

Gurmuun 'BRICS' dhimma biyyootaa keessa seenuun akka biyyoota Lixaa seenaa meeshaa waraanaa gurgurachuu akka hin qabne yaadachiisanii; miseensa gurmuu kanaa ta'uun Itoophiyaa maqaa deggersaafi liqaan dhiibbaa siyaasa keessooshee mooqamaa jirturraa dhaawatan milquuf kan gargaaru ta'uus eeraniiru.

Haa ta'uutii, siyaasa keessoo qeeqaaf saaxiluu maqsuun barbaachisaa akka ta'ee hanga waa hundi toora qabatti.

Goobeefi...

Goobeefi Shinooyeen ayyaana dargaggoonni itti bashannaniifi gammadan ta'uurra darbee tokkummaa ummataa cimsuufi ijaarsa biyyaa mirkaneessuu keessattillee gahee olaanaa waan qabuuf hayyootaan qoratamee caalaatti akka guddatuufi babal'atu ni taasifama. Ayyaannichi dawwattoota hedduu horatee madda galii turizimii ta'ee guddina dinagdee biyyaa utubuu keessatti gaheesaa akka ba'atuuf xiyyeeffannaan irratti kan hojjetamu ta'uus eeraniiru.

Goobeefi Shinooyeen ayyaana jala bultii waqtii birraatti kabajamaudha. Waqtiin kun yeroo itti midhaan faca'e ija itti godhatu, ililliin daraaru, loowwan marga dheedanii itti gababatan waan ta'eef namootaaf, beelladootaafi biqilootaaf abdi qabatee dhufa. Ayyaanichis waqtiin gannaa darbee waqtiin birra abdi, quufaafi gammachuu qabatee dhufuusaa waan labsuuf abdi gara fuulduraa ilaaluudhaan kabajama jedhu.

Biiron Aadaafi Turizimii Oromiyaa Dhaabbata Piromooshinii Boraatii Aartii waliin ta'uun waggoota sadan darban Ayyaana Goobeefi Shinooyee Finfinneetti haala miidhagaan akka kabajamu taasisaa turuu himanii, dadhabbiin dargaggoota ayyaanicharratti hirmaataniis qarshiidhaan kan hintilmaamamne ta'uufi dargaggoo gatii barbaachaaf utuu hintaane jaalala aadaafi eenyummaa Oromoo guddisuuf qabanirraa ka'uun hojjechaa jiru. Hojiiin kun ittifufinsa akka qabaatuuf ummanni Oromoo, abbootin qabeenyaafi qaamoleen mootummaafi mitmootummaa dhaabbatahaaf deggarsa barbaachisu akka taasisan gaafataniiru. Dhaabbileen biroonis daandii dhaabbatahaa hordofuu akka qabaniif waamicha dhiyeessaniiru.

“Qabiinsi mirga...”

Finfinneetti manneen barnootaa adda addaa keessatti lammiileen jumlaan hidhamaa jiru jechuun olola gaggeeffamaa jiru qulqulleessuuf hoggantoota komishinii poolisii magaalattii waliin mar'ichuu eeranii; ta'us miseesoonni boordichaa manneen barnootaa garagaraatti daawwannaa taasisaniin namni mana barumsaa keessatti hidhame kan hinjirre ta'uu mirkaneessuu himaniiru.

Haa ta'u malee, shakkamtoonni Mana Barnootaa Sadarkaa 2ffaa Dajjaazmaach Wandiraad keessa jiraachuu eeruun ummata biraa isaan ga'uu himanii; fuulduratti eeruu ummata bu'ureeffachuun sakatta'iinsi akka taasifamu ibsaniiru. Kana malees, ummatni rakkoo mirga shakkamtootaafi dhimma biroon walqabatu ilaalchisee karaa lakkoofsa bilbilaa bilisaa 8557 boordichaa eeruu akka kennu hubachiisanii.

Yeroo ittaanutti naannoo Amaaraatti daawwannaan kan gaggeeffamu ta'uufi labsichaan booda taatee naannichatti raawwatame qorachuun ummataaf kan ifoomsan ta'uus dubbataniiru.

Shakkamtoonni kunneen bakka duraan itti hidhamanirraa eessatti akka geffamaniifi maatiin argachuu dhabuun walqabatee komii bal'aa ummata biraa ka'aa jiru ilaalchisee Doktor Najaat akka jedhanitti, shakkamtoota bakkasaanii jijjiiruu ilaalchisee poolisii federaalaa waliin marii waloo taasisuun dhimmicha ummataaf ifa ta'a.

Boordiin Qorannoo raawwii labsii yeroo hatattamaa Hagayya 8, 2015tti hundaa'uun kan yaadatamuudha.



BARIISAA



Galoon Magariisaa Budaapestitti irradeebiin lola'e addunyaa ajaa'ibsiise

Waasihun Takileetiin

Finfinnee: Irreessaa Abbabaa Biqilaa Roomirratti miila qullaa fiigee injifannoo cululuqaa gurraachonni ittiin boonan hojjechuun seenaa hindabarre qofa osoo hintaane injifannoo xiiqiin guutameefi walittifufinsaan dhalootaan dhalamaa akka deemu waan imaanaa kaa'ee darbe fakkaata.

Gootummaa Irreessaa Abbabaa Biqilaa biyya Room, Xaaliyaaniitti galmeessisuun addunyaa ajab jechisiise, kan hindagatamne waan ta'eef daandii maqaasaatiin Xaaliyaaniitti moggaafamerratti yaaddannoon Ministira Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyyi Ahmadiin yeroo darbe kaa'ameefiira.

Dhaloonni duuba jirus gootummaa sana dhaaluun hanga har'aa alaabaa Itoophiyaa olkaasuu hojiisaanii godhataniiru. Kunimmoo hojii xiiqiifi miira ittigaafatamummaan kankooti jedhamee hojjetamaa jiru ta'uufi injifannoo Galoo Magariisaa irra deebiin galmaa'e ta'uu Pirezidantiin Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa Komishinara Ittaantuu Daraartuu Tulluu ni dubbatti.

Jilli atileetiksii Itoophiyaa Hangaarii, Budaapestitti dorgommii Shaampiyoonaa Atileetiksii marsaa 5ffaa yeroo 19ffaaf gaggeeffamaa jurratti torban darberraa kaasee hirmaachaa jiru kutannaa injifannoo malee injifatamnee hingallu jedhuun onnatee dorgommichatti kan seene waan ta'eef injifannoo galoo magariisaa durii deebise jetti Atileet Daraartuun.

Kutannaafi waadaa galaafatanii manaa bahan



Atileetota seenaa hojjetan keessaa Lataasanbat Gidey, Gudaaf Tsaggaayee Ijjigaayyoo Taayyee

sana dhugoomsuuf of kennanii gareedhaan hojjechuusaaniin korniyaawwan lameeniinuu injifannoo cululuqaa galmeessisuun mo'attummaa galoo magariisaa durii deebisu danda'uunsanii daran kana nama gamamchiisu ta'uullee kaasteetti.

Pirezidaantiin federeeshinichaa ibsa miidiyaaleef Budaapestitti kenniteen atileetonni dorgommicharratti hirmaachuuf filatamii deeman ga'umsisaanii madaalamee ulaagaa barbaachisuun kan gaggeeffame ta'uu yoo ibsiite, haaluma kanaan injifannoo cululuqaa galmaa'ee alaabaan Itoophiyaa olka'ee akka tallisu taasisuu himteetti.

Injifannichi daran gammachiisaa ta'uullee

kaastee bu'aa dhamaatee qabsoo xiiqqi keessa taa'amee galmaa'e waan ta'eef injifannoo Itoophiyaa olkaatee itti leellifamteedha jetti.

Dorgommii shaampiyoonichaa meetira kuma kudhanii shamarraniin gaggeeffameen Atileet Gudaaf Tsaggaayee 1ffaa, Lataasanbat Gidey 2ffaa, Ijjigaayyoo Taayyee 3ffaa bahuun badhaasa warqii hanga nahaasaa Itoophiyaaf fidaniiru. Kanamalees walfaana hiriirani bahuun injifannoo galoo magariisaa dabalaniiru.

Fiigicha meetira 1500n Atileet Dirribee Waltajjii dabalataan meedaaliyaa meetii argamsiisuun dirree dorgommii atileetiksii Buudaapesti galoo magariisaan akka uwwifamu taasiteetti.

Kunis gammachuu dabalataa biyyi keenya ittiin boontuufi alaabaanshee olka'e ta'eera.

Injifannoon korniyaawwan lamaaniinuu gareedhaan galmaa'aa jiru Itoophiyaan injifachaa deemuusheef mul'istuu gaariidha. Dorgommiiwwan hafan mararrattis bifuma baramen biyya ofii olkaasuuf ammas cimuuun barbaachisaadha.

Gama Dhiirotaanis Atileet Lammeechaa Girmaa fiigicha gufachiisaa meetira 3000n meedaliyaa meetii biyyasaatiif argamsiisuun injifannoo Itoophiyaan atileetiksiiin dirree dorgommiiirratti galmeessisaa jirtu dachaan akka dabaluu taasisera.

Injifannoo Itoophiyaanoni dirree dorgommii atileetiksii Buudaapestirratti galmeessisaa jiran injifannoo atileetonni Itoophiyaa kanaan dura gareedhaan walfaana bahuun maqaa 'Galoo Magariisaa' jedhuun itti waamaman sana kan dabale waan ta'eef gammachuun dabalataa cimaa deemu qaba.

Meedaaliyaawwan shaampiyoonichaaaf qophaa'an 147 keessaa Itoophiyaan dorgommii hanga kaleessaatti taasifameen warqii tokko, meetii sadii, nahaasa lama qabachuun baay'ina meedaaliyaatiin Ameerikaa, Ispeniifi Biriiteenitti aanuun sadarkaa afraarratti, Afrikaarraa ammoo tokkoffaarra jirti.

Taateewwan adda addaa keessummeessaa kan tureefi jiru shaampiyoonichi borukan xumuramu yoo ta'u, fiigicha maaraatonii korniyaawwan lamaani dabalatee akaakuuwwan dorgommii hafaniinis meedaaliyaawwan dabalataa ni galmaa'u jedhamee abdatama.

Godambaa Hayilee Gabrasillaasee, Mana Abbichuutti

Charinnat Hundeessaatiin

Viileejii Yaayaa Finfinneerraa kallattii kaabaatti kiiloo meetira 11 fagaatee Magaalaa Shaggar, Kutaa Magaalaa Mana Abbichuu, Aanaa Tufaa Munaatti argama. Viileejichi lafa kaaree meetira kuma 54 irratti kan ijaarame yoo ta'u, bakka daa'imman itti taphatan, farda ittigulufsiisan, tiraakii kubbaa miilaafi iddo atileetonni beekamoon ittishaakalan qaba.

Viileejii Yaayaa kanatti jiraatonni naannawichaafi Finfinnee bal'inaan bashannanaaf kan ittifayyadaman yoo ta'u, hoteelas ni qaba. Kanneen malees Godambaan Hayilee Gabrasillaasee bakkichatti ni argama.

Nutis barreeffama kanaan yeroonsaa shaampiyoonaa atileeksii addunyaatiin walqabatee yeroo dhimmi atileetiksii bal'aan ka'u waan ta'eef waa'ee Godambaa Hayilee gabrasillaasee Kutaa Magaalaa Sulultaatti argamuufi suurawwan, meedaliyaawwaniifi kkf achi keessatti argamanii kan daaww'achiisaan Daraggoo Masaay Yaa'iqoob nutti himcefi mil'anne gabaabinaan isin dubbisiisna.

Hayileen Gabrasillaasee hojii investimantiitti otoo hinseeniin dura addunyaa ispoortii keessatti biyyaafi ardiisaatiif waan guddaa gumaacheera. Godambichis waa'ee atileetichaa jalqabaa kaasee hanga gaafa fiigicha dhaabeetti jiru sirriitti qixeessee



daaw'attootaaf dhiyeesseera.

Waanti bakka kanatti argamu daaw'atamuu kan qabuufi atileetota jalaa dhufuuf kaka'umsa guddaa kan ta'uudha. Darbees waanti bakka kanatti agarsiifamu dargaggoota kamiifuu akka onnachiistuu olaanaatti kan fudhatamuudha.

Jidduutti waa'ee Hayilee Gabrasillaasee xiqqumashii walyaadachiisuuf, atileetichi kan dhalate Godina Arsii, Aanaa Xiyyoo,

Asallaarraa kiiloo meetira 10 fagaatee argamutti. ALA Ebla 1973 dhalate. Obbolaa 10 (dhiira jahaafi dubartii afur) qaba. Haatisaa kan boqotan otoo inni umurii guddattummaa keessa jiruuti. Haadhasaa garmalee waan jaalatuuf kanas haalota adda addaatiin ibsaa ture.

Kumaalaa Hayileen oggaa gara mana barnootaa deemu kiiloo meetira 10 fiigaa waan tureef kanuma raacitii godhatee

ittifufe. Waa'ee atileet Irreessaa Abbabaa Biqilaa dhaga'aa guddachuunsaa daran isa onnachiiseera.

Asallaatti kilabii ispoortii mana barnootaatti hammatamee badhaasa waancaa jalqabaa argate. Waggoota dheeraaf kophee waan hinqabneef akkuma Abbabaa Biqilaa miila qullaa ciminaan fiigaa ture. Yeroo Asallaa turettis dorgommii fiigichaatiin daran milkaa'aa ture. Sana booda gara Finfinnee dhufe. Akkuma Finfinnee dhufeen dorgommiiwwan adda addaarratti hirmaachuun injifannoo gonfachu eegale.

Sana booda Hayileen injifannoorratti injifannoo galmeessisaa dhufe. Keessumaa bara 1991 Shaampiyoonaa Atileetiksii Daraggootaa Addunyaa Kooriyaa Kibbaa, See'ulitti adeemsifamerratti morkiin ijibbaachisaan atileetii Keeniyaa, Jooseef Maachukaa wajjin taasise gonkumaa kan dagatamu miti.

Maachukaan mo'achuuf wayita daqiiqaa muraasni hafetti Hayileen si'aayina hineegameen oggaa isa bira darbuuf jedhu harka mirgasaatiin rukutus Hayileen haalichatti fayyadamee tokkoffaa bahee xumure. Atileetiin Keeniyaa sun gocha raawwateen dorgommicha keessaa akka haqamu taasifameera.

Hayileen garuu oggaa gaafatamu taateen sun caalaatti si'aayina akka dabaluu kan isa